الموجز في كيفية أداء الحج والعمرة با للغة الأورومية (احدى لغات الإثيوبية)

إعداد : عبد الرحمن أحمد محمد
خريج كلية الدعوة وأصول الدين بالجامعة الإسلامية بالمدينة المنورة

Akkaataa hajji fii umraan ittiin gageefamtu

بسم الله الرحمن الرحيم

Galanni Rabbiif haa ga,u uumaafii jiraachisaa addunyaa hundaa. Nagayaafii rahmanni Rabbii rasuularratti haa jiraatu. Akkasumatti jaallan rasuulaa [ergamaa Rabbii]kan haqa gargaaran Rabbi galata isaaniif haa galchu jannataan isaan haa qananiisu. Obboleyyan muslimootaa kan dirqama hajjii gaggeesuudhaaf dhuftan, hajjii keessan Rabbiin isinirraa haa qeebalu isinii haa araaramu, nagayaafii fayyaadhaan biyyaa iraa dhuftanitti, isin haa deebisu .obboleeyyan muslimootaa, hajjiin amantii islaama keesattii sadarkaa ol,aanaa qaba, hajjiin jogola [utubaa] islaamaa shanan keessaa isa tokko. Kanaafuu namni hujii hajjii kana akka barbaachisaa ta',etti xumuru, Rabbi biratti sadarkaa ol,aanaa qabaachuu isaa, Rabbiin kitaabaa qur,aanaa keesatti dubbateeti jira, Rasuulli keenyaas – nagayaafii rahmanni rabbii isaanirratti haa bu,uutii – nuuf ifa baaseeti jira. Kitaaba quraanaatiifii jechoota Rasuula keenyaa irraa kan madduun waa,ee hajjii fii umraa akka armaan gadiititti ibsina:

شروط الحج *ulaagaa hajjii*

Hajjiin ulaagaa {sharxii} mataa isaati qaba. Ulaagaan hajjii akka armaan gadiiti ta',a:

1-Namni hajjii gaggeessu islaama ta',uu qaba,

2-Sammuun isaa fayyaa ta,uu qaba, maraataan hajjii godhuuf hin dirqamuu jechuudha.

3-umriin isaa waggaa 15nii ol ta,uu qaba.

4-bilisa[walaba]ta',uu qaba,

5-sinqii dhaqaa deebi',ii geessuuf qabaachuu qaba, akkasumatti imeltuuf karaan nagaya ta',uu qaba. Dubartiin ulaagaa armaan olitti tuqame fii, nama aanaa ta,uuf(محرم) qabaachuu qaban

iddoo hajjiin irraa hidhatamtu (ميقات الحج والعمرة)

iddoo hajjii irraa hidhatamtu, akka armaan gadiiti ta',a:

1-zulhuleyfa(ذوالحليفة) *miiqaata yookis iddoo warra madiinaafii nama naannoo biraa kan karaa suniin dhufaniiti.*

2-Juhfa (الجحفة) *iddoo warra biyya shaamiifii[1] kan biraa kan kraa san darbuuti*

3-Qarnu al-manaazil(قرن المنازل) *iddoo warra naannoo riyaadiifii kan biraa kan karaa san deemaniiti.*

4-Yalamlam (يلملم)*iddoo warra yamaniifii kan biraa kan karaa san deemaniiti akka lammii itiyophiya.*

5-Zaatu iraq (ذات عرق)*iddoo warra iraaqiifii kan biraa kan karaa san darbaniiti(dabraniiti).*

Namni iddoo kana keessa jiran bakkuma jiran irraa hajjii isaanii hidhatu fakkeenyaaf warri makkaa makkaa irraa hajjii isaanii hidhatan.

Hajjii keessatti waan dalaguun dhoorgamaa (محظورات الإحرام)

Hajjii keessatti dalaguu wanni dhorgamu akka armaan gadiiti ta',a:

1- saal-qunnamtii warra ofii wajjiin godhuu;

[1] *- biyaa shaam jechuun: siiriyaa, jurdun, falasxiin, fii libaanoosi*

PDF created with pdfFactory Pro trial version www.pdffactory.com

a- namni warra isaa wajiiin saal-qunnamtii godhe,gaala yo kaan saawa qaluu qaba akkasummatti warri isaatiis qaluu qabdi yo dirqamuu baatte, yo dirqamte hin qaltu.
b-Qaluu baannaan ,waggaa dhufu (bara hegeree) deebi',ee (deebitee) hajjii godhuu qaba(qabdi) Kanaafuu hanga hajjiin dhumtuu warra ofii wajjiin saal-qunnamtii godhuu irraa of eeguun barbaachisaadha.
2- abbaan warraatiifii warri isaa wal tataphachiisu kan akka wal dhungachuu, wal hooysisuu fii kkf
3- qeensa murachuu (kutuu)
4- waan urgaa',aa(shittoo)dibachuu
5- rifeensa haaduu yokaan gabaabsuu
6- mataa of hagooguu[1] kuniis dhira qofaafi
7- uffata ihraamaa malee,hidhachuu kan akka marxoo,surree(kofoo) fii kkf.
8- dubartiin shurraaba harkaa[2]kaayachuu,
dubartiin (dhalaan)waan qaama isii (ishee)dhoksaa hunda hidhachuu dandeesi.
9- dubartiin fuula of cufuu (hagooguu) hin qabdu
10-dhiirti kophee koomee cuftu akkasumatti shuraaba miilaa kaayachuuhin qabdu
11- fuudhuufii fuusisuun dhoorkaadha,
12- busaawa allooluu kan akka gadamsaa, shinbiraafii kkf.

Akkaataa umraan ittiin gageefamtu (صفة أداء العمرة)

1- umraa hidhachuu qalbifachuu, dhiqachuu,waan urgaa,aa dibachuu, iddoo miiqaataa irraa uffata ihraamaa yokaan mana irraa hidhatuu(لبيك عمرة)labbeeyka umratan jechuu,
2- xawaafa(gulufa) seennaa makkaa godhuu; harka bitaa gama ka,abaa aansuudhaan yaroo torba ka,abatti naannaa,uu (meerachuu) dhagaa gurraacha irraa jalqabee, meeratee bakka irraa jalqabetti xumura, haaluma kanaan yaroo torba meerata (xawaafa) eega xumure booda,salaata raka,aa lama maqaamu ibraahim biratti sagada(dulata).yoo mijaa,uu baateef bakka hundatti sagaduu danda,a.
3-sa,ayi ykn gulufa godhuu, safaa fii marwaa jidduu yaroo torba gulufa. Safaa irraa jalqaba, ifaa magariisa lamaan jidduu yaroo ge,u,nidaddafa bakka biraa suuta deema. Marwaa yaroo ga,u, tokko jedhama,gama safaa yaroo deebi,u lama jadhama haaluma kanaan yaroo torba marwatti xumura. Yaroo xawaafaa fii gulufa[sa,ayii] godhu Rabbi kadhachuu yaadachuu qaba.
4-rifensa haaduu ykn gabaabsuu[ciruu]dubartiin fiinxa rifeensa isii murti malee, hin haaddu.
Haaluma kanaan umraa xumura jechuudha.umraa fii hajjii yoo walitti makee ture hucuu ihraamaa ofirraa hinbaasu saalqunnamtiis hin godhu waan hajjii keessatti dhoorkaa ta,e hunda ofirraa tiksa hamma guyyaan iidaa ge,utti. Garuu qaluu qaba.
Yoo umraafii hajjii walitti makuu baatee umruma qofa hidhate, yaroo umraa xumure [xumurte] booda, hucuu ihraamaa ofirraa baasee, hucuu isaa hidhachuu ni danda,a, saal-qunnamtii warra isaatii wajjin gadhuus ni danda,a. guyyaa 8 ffaa hajjiidhaaf hucuu ihraamaa hidhachuudhaan hajjii isaa hidhata.

Qoodama hajjii (أنواع الحج) Hajjiin bakka sadihitti qoodama:

1Tamatu,a (التمتع) jechuun, namni hajjii dhufe tokko ji,a sadeen hajjii keessa makkaa dhufuudhaan, umraa akka duraan ibsinetti xumuree,boodaan, waan hajjii keessatti dhoorkamaa hunda: huchuu ihraama ofirraa baasuus ta,e saal-qunnamtii warra isaa wajjin godhuus ta,e dalaguu danda,a. maalif yoo jedhame, namni kun, hajjii fii umraa walatti hin makne,umraa kophaa gageessee, hamma guyyaan 8 ffaa ga,utti. Guyaa kana hajjiidhaaf hidhata jechuudha.garuu namni kuni miskiina makkaatiif hadyii(الهدي) qaluu qaba.

1-qiraan(قران)jechuun: namni hajjii godhu tokko yaroo makkaa dhufu xawaaf al quduum-sunnaadha - (طواف القدوم) godhee dalagaa hajjii fii umraa walitti maka. yo fadhe,sa,ayi godha yo

1 Dubartiin mataa isaanii hagooguu ni dandeessi Dhiira qofaatu,mataa hagooguu hin dandeenye
2 kuni dubartii qofaafi diira hin laalu jechuudha

PDF created with pdfFactory Pro trial version www.pdffactory.com

fadhees guyyaa iidaatii fii guyya iida bodaati godha. Garuu hucuu ihrama ofirraa hinbaasu hamma guyyaa 10 ffaa. Garuu hadyii qaluu qaba.

2-Ifraad (إفراد) *jechuun: hajjii qofa hidhatee, yaroo makkaa ge,e xawaaf al quduum godhee, itti aansee safaa fii marwaa gidduu hajjiidhaaf gulufa kana booda huchuu ihraama ofirraa hin baasu hamma guyaa 10 ffaa ga,utti. Garuu humaa hinqalu.*

Utubaa [jogola] hajjii (أركان الحج) *hajjiin utubaa shan qabdi namni utubaa shanan kana tokko hin dalagin,hajjiin isaa ni bada, waggaa biraa deebi',ee hajjii godhuu qaba jechuudha.utubaan hajjiitiis akka armaan gadiiti ta,a:*

1-al-ihraamu: jechuun,hajjiii niyyachuu ykn hajjii godhuu niyyachuu[qalbii naquu]
2-guyyaa 9 ffaa arafa keessa dhaabbachuu,
3-guyaa 10 ffaa xawaaful ifaadaa godhuu,
4- safaa fii marawaa jidduu gulufuu[sa,ayii godhuu]
5-guyyaa 10 ffaa rifeensa haaduu yokaan gaggabaabsuu,

Dirqama hajjii(واجبات الحج) *hajjiin dirqama yokaan waajiba qabdi namni waajiba hajjiidhaa kana tokkollee haata,uu hin dalagin,hoolaa tokko qaluu qaba.waajibni hajjii akka armaan gadiiti ta,a:*

miiqaata irraa hajjii hidhachuu [iddoo hajjiin irra hidhatamtu]

1. *guyyaa 9 ffaa arafaa dhaabachuu hamma aduun dhiituu [lixxuu]*
2. *halkan 10 ffaa muzdalifaa buluu, halkan iidaa jechuudha.*
3. *Guyyaa 10 ffaa dhagaa darbachuu, guyyaa kana boolla sadeen irraa tanuma gama makkaa aantu qofa darbata, garuu guyyaa 11 ffaa fi guyyaa 12 ffaa boolla sadeenuu nidarbata.namnii guyaa 13 ffaa jerjeree hindeemne,bolla sadeenuu nidarbata*
4. *Halkan 11ffaa, halkan 12 ffaa fii halkan 13 ffaa , minaa buluu; namni jerjere, halkan 11 ffaa fii, halkam 12 ffaa bulee, halkan 13 ffaa deemuu nidanda,a.garuu odoo aduun hinseene minaa irraa ba'uu qaba.*
5. *Refeensa haaddachuu ykn gabaabsuu.*

Dalagaan guyyaalee hajjii yoo gabaasine, akka armaan gadiitti gaggeefama:

Guyyaa 8 ffaa namni hajjii dhufe,of qopheessa: qaama dhiqata,ihraama isaa hidhata لبيك اللهم لبيك لبيك لا شريك لك لبيك إن الحمد والنعمة لك والملك لا شريك لك *labbeyka allaahumma labbeeyka labbeeyka laa shariika laka labbeeyka innal hamda wanni,imata laka walmulka laa shariika laka jechuu heddommeesa. Eegasii gara mina deema, salaata zuhrii, asrii, maghriba, ishaa,ii fii salaata subeedhaa actuate sagada[dulata] hamma guyyaa 9 ffaa aduun baatuu, mina jiraatan. Salaata zuhrii asrii ishaa,ii gabaasuudhaan raka,aa lama lama sagadan [dulatan] salata hundaa,uu yaroodhaan sagadan.*

Guyyaa 9 ffaa ganama yaroo aduun baate,gara arafaa deemanii,salaata zuhrii fii salaata asrii gabaabsanii, raka,a lama lamaan yaroo salaanni zuhridhaa sagadamu sagadan.yaroo aduun dhiitu gara muzdalifaa deemanii salaata maghribaa raka'aa sadii sagadanii,salaata ishaa'iitiis gabaabsanii raka'aa lama sagadan, achuma muzdalifaa bulan. Salaata subiidhaa achitti sagadan.eegasiiRabbi kadhaa guddisan odoo aduun hin baane gara minaa diiman.

Guyyaa 10 ffaa , jamratul aqabaa deemuudhaan dhagaa torba xixqaa,Allaahu akbar jechuudhaan darbatn. Eegasii kan hadyii qabu hadyi isaa ni qala eegasii rifeensa haaddata ykn gabaabsa; garuu refeensa haaduutu caala. Eegasii makkaa bu'ee ,xawaaful ifadaa kan hajjii godha. Yo mutamati'a ta'e safaa fii marwaa gidduu gulufa. Eegasii gama minaa dibi'ee,halkan11 ffaa minaa bula.

PDF created with pdfFactory Pro trial version www.pdffactory.com

Guyyaa 11 ffaa, boolla sadeenuu dhagaa darbata jechuudha, goda 1 ffaa fii kan 2 ffaa booda dhaabbatee'du'aa'ii godhata [ni eebbifata jechuudha] halkan 12 ffaa mina bula.

Guyyaa 12 ffaa boolla sadeennitti dhagaa darbata. Yo jerjere, odoo aduun hindhiine,minaa irraa diimuu qaba. Garuu yo aduun minatti dhiiteef , buluu qaba.yo jerjeree demuu baate,halkan 13 ffaa mina bula.

Guyyaa 13 ffaa boolla sadeenuu ni darbata haaluma kanaan hujii minaa xumuratee, deemuu danda,a. maayyiirratti yaroo gama madiinaa ykn biyya galuu fedhu, waa hunda qopheefatee, xawaaful wadaa'a [xawaafa dhaammannoo] godhee dafee makkaa bahuu

qaba.nitura taanaan deebi'ee xawaaful wadaa'a godhuu qaba haluma kanaan waa'ee hajjii fii umaraa goolabe [xumure] jechuudha. Rabbiin hajjii keessan isinirraa haa qeebalu nagayaa fii fayyaadhaan biyya keessanitti isin Rabbiin haa deebisu dilii teessan Rabbiin isiniif haa araaramu , warra addunyaa fii aakiratti milkaa'u Rabbiin nu haa godho.

Akkaataa ziyaaraa masjida rasuulaa

obboloowwan muslimootaa kan hajjii dhuftan, eega waa'ee hajjii xumurtanii booda, yoo isinii mijjowte, madiinaa deemuudhaan, maskiida Rasuula keenyaa [nagayaa fii rahmanni rabbi isa irratti haa bu'uu] ziyaaraa godhuu ni dandeesan.garuu wanni beekuu qabdan, maskiida Rasuulaa kan madiinaa ziyaaraa godhuun, waa'ee hajjiitii wajjin akka hariiroo hinqabne jechuun; namni tokko yaroo waa'ee hajjii xumure hajjiin isaa guutamteef jechuudha biyya isaatti galuu danda,a .garuu namni hedduun maalif madiina akka deemuu hinbeeku. Namni geriitiis madiinaa dhaquun maskiida rasuulaa [nagayaa fii rahmanni Rabbii isarratti haa bu,u] ziyzzraa godhuun dirqam hajjiiti akka ta'e itti fakkaata. Namni garii immoo, qabrii Rasuulaatiin ziyaara jechuudhaan madiinaa deema.kun hundi dogongora.

Kanaafuu , madiinaa deemuun maskiida rasuulaatti sagaduu qofaaf akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Kanaafuu namni madiinaa deemuuf hiree arkatan, heera armaan gadii kana eeggachuufii hubachuu qaban:

1-makiida Rasuula[S A W] keenyaa kan madiinaa itti sagaduuf imeltuu deemuun, heera amantii islaamaa keesatti hin dhoorkamu. Garuu waa'ee hajjiitii wajjin hariiroo hin qabu. Kuniis yaroo hajjii qofaa mitii, yaroo hunda ziyaaraa godhuun nidanda'ama. jechi Rasuula keenyaa kuniis ragaadha: متفق (صلاة في مسجدي هذا خير من ألف صلاة فيما سواه إلا المسجد الحرام) *hiikkaan isaa; salaanni maskiida kiyya kannatti sagadamu, salaata iddoo biratti sagadamu, harka kuma tokko chaala, maskiida al haraam makkaa male. jechuun maskiida makkaatu caala*

2-masjida rasuulaatitti [s a w] sagaduudhaaf imaltuu deemuun , dalagaa hajjiitii wajjiin hariiroo hinqabu. Namni dalagaa hajjii raawate, kan maskiida Rasuulaa ziyaaraa godhuuf hiree dhabuudhaan yo biyya isaatti gale, hajjiin isaa guutuudha sirriidha jechaadha.

3-yaroo maskiida rasuulaa seenu miila mirgaa dursuudhaan, jecha kana jechaati seena:
(بسم الله، والصلاة والسلام علي رسول الله، اللهم افتح لي أبواب رحمتك)

*4- yaroo maskiida seenu, raka'aa lama seennaa maskiidaatiif (*تيحة المسجد*) sagada.*

5- eega raka'aa lama sagadee booda, gara qabrii rasuulaa deemuudhaan (السلام عليك يا رسول الله ورحمة الله وبركاته) *jedhe, irratti salaammata. Itti aansee,qabrii jaallan Rasuulaa lameen[abuu bakarii fii umar]* (السلام عليك يا أبو بكر، السلام عليك يا عمر) *jechuudhaan irratti salaammata*

6- gara qabrii baqii(بقيع) *deemee eebbisaaf [du'aa'ii godhaaf]*

7- .eegasii gara qabrii shahiidee warra uhud (شهداء أحد) *deemee eebbisaaf [du'aa'ii godhaaf] uhud jechuun; iddoo lolli muslimootaafii mushrikoota jiddutti argame, itti gaggeefameedha. Shahiidee jechuun; sahaaboota Rasuula keeyaa kan iddoo sunnitti wareegaman jechuudha.*

PDF created with pdfFactory Pro trial version www.pdffactory.com

8- masjida qubaa deemee raka'aa lama sagada. Haaluma kanaan ziyaaraan isaa dhumti Kanaafuu, gara biyyaa isaa deemuu ni danda'a. garuu wanni beekamuu qabu, namni hajji dhufu tokko yaroo waa'ee hajji gaggeessaa jiruu , akka shirkii [Rabbitti waa qineessuu] irraa of eegu. Maalif yoo ja,ame,namoonni garii kan hajjii dhufan,dugongoruudhaan shirkii dalagan; Rasuula yaammatan [yaa Rasuula keenyaa nu garagaari jechuudhaandhaan] kunis shirkiidha hin barbachisu akkusumatti gidaara masjida makkaa fii masjida madiinaa dhunguchuu fii kadhachuu. Kun hundi shirkiidhaa irraa of eeguun dirqama nama hundaati. Yaroo hajjii qofa osoo hinta'in, yaruma hundaa'uu irraa of tiksuun barbaachisaadha. Rabbiin olta'e, dalagaa qulqulluu kan isumaa jechaa dalagamaa qofa, qeebala. Hujii shirkiin keesatti mullatu Rabbiin hinqeebalu. Nami hajji godhuuf qabeenya guddaa baasee biyya fagoodhaa dhufe, waan hajjii isaa irraa belleessaa shirkiis ta,ee firraa eeguun dirqama. Dalagaan ilmi namaa tokko dalagu, kan akka hajjii fii salaataa, soommana fii kkf, Rabbi biratti qeebalamuudhaaf [fudhatamuudhaaf] ulaagaan isii, [ishee] qulqullummaadhaan gaggeefamudha. Dalagaan takka qulqullummaadhaan hindalgamne taanaan, Rabbii olta'e biratti fudhatama hinqabdu jechuudha. Rabbiin olta'e qunaana keesatti akkana je'e: (فمن كان يرجوا لقاء ربه فليعمل عملا صالحا ولا يشرك بعبادة ربه أحدا) *hikkaan isaa: namni qunnamtii,rabbi kajeelu, dalagaa gaarii haa dalaguu; ibaadaa Rabbii isaa keessattiis akka waa takka Rabbii wajjin hinqindeessine. Kanaafuu qulqullummaa hujii keessanii akka hubatan. Kanumaan goolabna hajjii keessan Rabbiin isinirraa haa qeebalu, biyya keessaniti Rabbiin isin haa deebisu, warra addunyaa fii aakhira milkaa'u, Rabbiin nuhaa haa godhu.*

دعاء السفر *eebba yero imeltuu*

اللهم إنا نسألك في سفرنا هذا البر والتقوى ومن العمل ما ترضى اللهم هون علينا سفرنا هذا واطو عنا بعده اللهم أنت الصاحب في السفر والخليفة في الأهل، اللهم إنا نعوذ بك من وعثاء السفر وكآبة المنظر وسوء المنقلب في المال والأهل والولد(رواه مسلم)

Hiikkaan isaa akkana: yaa Rabbi imaltuu keenya kana keessati tola ooluu fii sodaa tee sikadhanna, dalagaadhaas tanuma ati jaalattu [sikadhanna]yaa Rabbi imaltuu keenya kana nuuf laaffisi, fageenya siitiis maruudhaan nuuf gabaabsi, yaa Rabbi kan nuu wajjiin jiruus suma, kan genddatti hafuus suma, yaa Rabbi cinqii [dhibdee] imaltuu irraa sitti maganfanna, argaan nu fokkotuu irraa sitti maganfanna,qabeenya, warraa fii joollee keessatti deebi'iin nu hammaachuu irraa sitti maganfanna.

ربنا آتنا في الدنيا حسنة وفي الآخرة حسنة وقنا عذاب النار

■*Yaa Rabbi addunyaarratti waan gaarii nuuf kanni, aakhirrattiis waan gaarii nuuf kanni, ibiddarraahiis nu tiiksi.*

الدعاء عند النوم *eebba yaroo hirriibaa*

باسمك ربى وضعت جنبي وبك أفعه فإن أمسكت نفسى فارحمها ، وإن أرسلتها فاحفظها بما تحفظ به عبادك الصالحين (رواه البخاري ومسلم)

■*yaa Rabbi maquma keetiiniin cinaacha kiyya lafa kaaya[rafuudhaaf] ammaas maquma keetiiniin olkaasa, lubbuu tiyya yo qabde, [du,aan] rahmata godhiif, yo gadhiifte [lubbuu] waan gabroowwan kee gaggaariidhaan tiiksituun tiiksi.*

أذكار الصباح والمساء *eebba ganamaa fii galgala*

اللهم بك أصبحنا وبك أمسينا ، وبك نحيا، وبك نموت وإليك النشور (رواه الترمذي)

■ *yaa Rabbi sumaani bariisifanne, sumaani dhiisifanne, sumaani jiraanna, sumaani duuna, deebi,iin kaafamaatiis gamuma keeti.*

اللهم بك أمسينا، وبك أصبحنا،وبك نحيا، وبك نموت وإليك المصير (رواه الترمذي)

■ *yaa Rabbi sumaani dhiisifanne, sumaani bariisifanne, sumaani jiraanna, sumaani duuna, deebi,uun booddeetiis gama keeti.*

دعاء عند استيقاظ من النوم *eebba yeroo hirriibaa ka,anii*

الحمد لله الذي أحيانا بعد ما أماتنا وإليه النشور (رواه البخاري)

PDF created with pdfFactory Pro trial version www.pdffactory.com

■*Gallanni Rabbiif haa ta,u kan eega nu ajjeese booda nu jiraachise deebi,uuniis gama isaati*

الدعاء عند دخول المسجد *eebba yeroo seennaa maskiidaa*

بسم الله ، والصلاة والسلام على رسول الله) اللهم افتح لى أبواب رحمتك

■*Maqaa Rabbiiitiin,nagayaa fii rahmanni Rabbi ergamaa Rabbii irratti haa jiraatu, yaa Rabbi hulaa rahmata keetii naaf bani.*

بسم الله ، والصلاة والسلام عى رسول الله اللهم إني أسألك من فضلك، اللهم اعصمنى من الشيطان الرجيم (صحيح ابن ماجه)

■*Maqaa Rabbiitiin, nagayaafii rahmanni Rabbii Rasuula [ergamaa] irratti haa jiraatu, yaa Rabbi caalmaya keetiin sikadhadha, yaa Rabbi sheeyxaana fageefamaa ta'e irraa natiiksi*

الدعاء للميت عند الصلاة عليه *eebba yeroo nama du,e irratti sagadanii*

اللهم اغفر لحينا ، وميتنا، وحاضرنا، وغائبنا، وصغيرنا وكبيرنا، وذكرنا وأنثانا، اللهم من أحييته منا فأحيه علي الإسلام، ومن توفيته منا فتوفه على الإيمان،اللهم لا تحرمنا أجره ولا تضلنا بعده (ابن ماجه)

■*Yaa Rabbi, keenya kan jiruufiis araarami, keenya kan du,eefiis araarami keenya kan jiruufiis[araarami]xiqqaa keenyaa fiis [araarami]guddaa keenyaa fiis [araarami] diira keenyaa fii dhalaa keenyaa fiis [araarami] yaa Rabbi, Keenya kan jiraachiftuus islaamummaa irratti jiraachisi yaa Rabbi, keenya kan ajeeftuus iimaana irratti ajeesi yaa Rabbi sawaaba isaa nuhindhoorkin, isa boodaas nuhinjallisin*

الدعاء عند الفراغ من الطعام *Eebbaa yeroo nyaata xumuranii*

(الحمد لله الذي أطعمني هذا، ورزقنيه،من غير حول مني ولا قوة)(أخرجه أصحاب السنن الا النسائي)

■*Galanni Rabbiif haa ge,u kan kana na nyaachise, humna fii heelaa tiyyaan malee naaf qoode.*

Rabbiin eebba keenya nurraa haa qeebalu, warra qulqullummaan Rabbi kadhatu, nuhaa godhu. Aamiin aamiin .

Qopheessaan: A/rahmaan Ahmad Muhammad
E-mail address:
Abuakram76@hotmail.com ykn

Abuakram76@yahoo.com

www.ethio-guide.blogspot.com

PDF created with pdfFactory Pro trial version www.pdffactory.com